Baga Nagayaan Turtan

Bitootessa 2005

ILQSO

Adaamaa

Seera Dhaalaa: Waliigala

Kaayyoo Seera Dhaalaa

- Mirgaa fi dirqama sababa du’aatiin addaan hin cinne dhaaltootaati dabarsuudhaan mirga isaanii eeguu.
- Mirga namoota sadaffaa kabachiisuu.
- Galmaan gahinisi kaayyoo kanaa tumaalee seera dhaalaa kana sirritti hubachuun karaa sirri ta’en hiikuu fi akkaataa seerri dhaalaa ajajutti hojjachu gaafata.
- Kwt. 826-841 ,general provisions,
- Kwt. 842 and ff, special provisions

Kaayyoon Leenjichaa

- Leenjichi kan xiyyeeffatu tumaalee seera dhaalaa keessaa :

1. Baniinsa dhaalaa;
   - mirgoota fi dirqamoota dhaalaan darbanifi darbuu hin dandeenyee
2. Dhaaltuu ta’uu fi wantoota barbaachisan.
3. Dhaalaa dhaamoo malee raawwatamu

4. Dhaala bu’uura dhaamoon raawwatamu

- Waa’ee dhaamoon hubannoo ogeessonni seeraa qaban gabbisuuf jecha qabxiilee tokko tokko mariif dhiheessuu ;
- Tumaalee seera dhaalaa muraasa dhaamoo ilaallataniin walqabatee rakkoowwan raawwii fi hiikkoo seeraa qabatamatti hojii irratti mul’atan sakatta’uu .

5. Dhaaltummaa qulqulleessuu
   - Maalummaa, barbaachisummaa yookaan faayidaa sirna dhaaltummaa qulqulleessuu ni hubatu;
   - Muudamiinsa qulqulleessituun dhaalaa ilaalchisee seeraa fi baratama jiru walbira qabuun ni xiinxalu;
   - rakkoowwan hiikkoo fi raawwii qabatamaan jiran adda baasuun isa qajeelaa qofa hojiirra ni oolchu;
   - Hojii qulqulleessituu dhaalaa tokko tokkoon addaan ni baafatu; hojirra oolchuufiis gahee mataa isaani bahuu ni danda’u;
   - Sirna dhaaltummaa qulqulleessuu keessatti aangoo MM ni xiinxalu.

6. Waraqaa Ragaa Dhaaltummaa

- Hubannoo Maalummaa fi kaayyoo waraqaa ragaa dhaaltummaa ni gabbifatu;
- Waraqaan ragaa dhaaltummaa yoom gaafatamuu fi kennamuu akka qabu ilaalchisee rakkoowwan hiikkoo seeraa addaan baasuun hiikkoo qajeelaa qofa hojiirra ni oolchu;
- Sirnaa fi qabiyyee iyyata waraqaa ragaa dhaaltummaa fi sirna sana booda hordofamuu qabu ilaalchisee rakkoowwan raawwii addaan baasuun kallattii fuulduraa ni akeeku.

7. **Darbinsa Yeroo .**

- Darbinsi yeroo himata dhaaltummaa ilaalchisee rakkina hiikkoo jiru hubachuun hiikkoo qajeelaa qofa hojiirra ni oolchu.
- Raawwii darbiinsa yeroo iyyata mormii dhaammoo ilaallatu ni xiinxalu.
- Darbiinsa yeroo himata qoodamiinsaa fi iyyata mormii qoodinsa qabeenya ilaallatu addaan ni baafatu. Raawwii isaas ni xiinxalu.
- Darbiinsa yeroo iyyata waraqaa ragaa dhaaltummaa fi dhaltummaa Qulqulleessuu ilaalchisee rakkoowwan hiikkoo fi raawwii addaan ni baafatu.

1. Banamiinsa Dhaalaa

- Article 826 (1), the succession of the person opens at the place he/she had his/her principal residence at the time of his/her death.
  - Dhaalli kan banamu akkuma dhaalchisaan lubbuun isa baateeni.
  - Kan banamuus iddoo jireenya mummee isa du'eeti
- Maal jechuudha??
- Faayyidaan isaa maali?
- Faayidaan isaa angoo mana murtii beekuuf gargaara iddoo jireenyaa muummee isa du'ee beekuun.

- Banamiinsi dhaaltummaa akkuma dhaalchisaan du’een qabeenyi inni horate abbaa akka hin dhabnee fi dirqama isaatiif namni gaafatamu akka hin dhabamneef sirna diriiree dha.
- Kanaaf Sirni Banamiinsa Dhaaltummaa Seerri dhaalaa:
  - qabeenya dhaalaa dhaaltotaaf dabarsuu fi
  - bulchiinsa qabeenya dhaala irratti xiyyeeffachuun eegumsa laachuu jalqabuu isaa agarsiisa.
- **Seerri dhaalaa keenya eegumsa laachuu kan jalqabu “gap” tokko malee sa’aatii, daqiiqaa fi sekoondii dhaalchisaan itti du’erraa akka ta’e tumaa kana irraa ni hubatama**

- **Qabataman garuu yaadrimee banamiinsa dhaaltummaa ilaalchisee rakkoon hiikkoo fi raawwii tokko tokko ni mul’atu.**
  - **Gaafa waraqaan ragaa dhaaltummaa fudhatameen tokko gochuu**
  - **Sirna dhaaltummaa qulqulleessuu guyyaa 40 booda jalqabuun tokko gochuunis ni fudhatama**

- **Mirgootaa fi dirqamoota dhaalaan darbani fi darbuu hin dandeenye**
  - Mirgaa fi dirqamni sababa du’aatiin addaan hin cinnee dhaaltootaaf ni darba.
    - ✓Those associated with the person of the deceased shall extinguish with the death of the deceased.
      - Mirgaa fi dirqamni gosa akkanaa kun kutaa ykn qaama qabeenya dhaalaa hin ta’an.
    - ✓ Those related with the property and/or money of the deceased shall pass on to his/her heirs and/or legatees.

- Mirgaa fi dirqamni gosa akkanaa kun kutaa ykn qaama qabeenya dhaalaati jechuu dha.
- Qabeenya kanneen (things making up a Succession) ilaalchisee qabatamaan isaan tokko tokko ilaalchisee rakkoowwan hiikkoo fi rawwii ni mul’atu.
- Tokko tokko haa ilaalluu:

Kaffaltii soorama fi Beenyaa

- In Ethiopia, pension is regulated by 'Public Servants' Pensions **Proc.№ 345/2003 and the amendment Proc.№ 424/2004.**
- The main purpose of pension scheme in Ethiopia is to support the person who was a public servant during the time when he/she is unable to work and supporting those persons who were maintained by the pensioner during his/her life time.

- Beenyaa sababa namni tokko du’een kaffalamu kan ilaalatuu dha.**SHH kwt. 2095**
- Bu’uura tumaalee addaa kanaan sababa namni tokko du’een kaffalitiin soormaa ykn beenyaa firoota isaaf ykn dhiirsa ykn haadha manaaf kaffalamu qaama qabeenya dhaalaa hin ta’u.

Art. 827. INSURANSII LUBBUU.

1. Monies due in performance of a contract of life insurance to which the deceased was a party, shall form part of the inheritance where the deceased has not determined the beneficiary or the insurance is made to the benefit of the heirs of the deceased without any other indication.

2. In other cases, they shall not form part of the inheritance.

2. Dhaalaa ta’uuf wantoota barbaachisan

- Dhaalaa ta’uuf(**Capacity to Succeed**):-
  - A. Hogguu dhaalchisaan du’uu lubbuun jiraachuu
    - Kwt.830, The condition of survivorship
  - B. Dhaaltummaaf kan hin malle ta’uu dhabuu
    - Arts. 838 – 840, **unworthiness**
      - ✓intentional murder of the deceased himself, his/her descendant,ascendant or spouse.
      - ✓Inni du’ee dhaamoo akka hin goonee, akka hin jijjiree ykn akka hin haqne dhoorkuu ykn;
      - ✓Itti yaaduun dhaamoo taasifame balleessuun akka hin argamne godhu;

Gosoota Dhaalaa

- Mirgaa fi dirqamni sababa du’aatiin addaan hin cinnee :
  - Dhaamoo malee
  - Dhaamoon
  - Walakkaa dhaamoon walakkaan dhaamoo malee dhaaltootaaf darbuu ni danda’a.

3. Dhaala Dhaamoo Malee

- Burqaan mirga kanaa isa du’ee waliin firooma dhiigaa dhaaltoonni qabanii dha.
- seerichii sadarkaa firooma dhiigaa (1ffaa-4ffaa) isa du’ee dhaaluu danda’anii fi sirna raawwii isaa kaa’ee jira.

Rakkinni jiru.

- Sadarkaa firoomaa taa’e kanaan isa du’e dhaaluun:
  - kallattiinii fi
  - bakka bu’uudhaan ni danda’ama.
- Gama kanaan namni dhaaltu ta’e tokko dhaallii erga banamee booda hogguu du’u mirga dhaalaa isaa dhaaltootaaf dabarsuu fi bakka bu’ummaa jidduu garaagarummaa jiru hubachuu dhabuu.
- **Garaagarummaan Kwt. 842 (3) fi 833) maali?**

Kwt.833

- Dhaallii kan banamu akkuma dhaalchisaan du’eeni.
- Kunis namni erga dhaalchisaa isaa du’e seekoondiin booda du’e, dhaaltummaaf kan hin malle yoo jedhame malee isa du’e dhaalee akka du’eetti lakkawwama.
- namni dhaaltuu isa du’ee ta’e tokko erga dhaalli baname booda yoo du’e, mirgii dhaalaa inni gonfate dhaaltoota isaatiif darba.
- Haala kanaan namoonni dhaala keessatti hirmaatan dhaaltuun isa du’ee mirga dhaalaa mirkaneessee darbe malee dhaaltuu isa du’ee bakka bu’uuni akka hin taanee hubatamuu qaba.

Bakka Bu’uun Dhaaluu (Representation),kwt. 842(3)

- Yaadrimeen bakka bu’uun dhaaluu jedhu kun dhaallii isa du’ee hogguu banamu:
  - namni silaa lubbuun osoo jira ta’ee,
  - dhaaltummaan dhaala isa du’ee keessatti qooda fudhachuu danda’uu tokko;
  - dhaalchisaa isaatiin dura sababa du’een dandeettii isa du’e dhaaluu hogguu dhabu;
  - dhalatoonni isaa isa bakka bu’uun dhaaltummaan akka hirmaatan seerri dhaalaa hogguu isaaf eyyamee argamuu sirna ilaalatuu dha.

- Sirna bakka bu’uun dhaaluuf dhaaltoota isa du’eef qabeenya dhaalaa irraa gaheen isaan gahuu walqixaa akka hin taane hubatamuu qaba.
- hanga namni isaan bakka bu’an argachuu danda’u qofaa dhaalu danda’u bakka bu’insa keessatti.